Kadhannaa Islaamummaa Ganuu

Bittaa sobaa Muhaammad barsiise fi fakkeenyummaadhan mul'ise nan gana.

Amantaan Muhaammad ergamaa Waaqayyooti jedhu soba ta'uu rageessee nan gana.

Qur'aanni sagalee Waaqayyooti isa jedhu nan gana.

Shahaadaa fi dubbii isaa hunda nan gana.

Al-faatihaa dubbachuu nan gana. Jecha isaa isa Yihuudonni abaarsa Rabbii jala jiran jedhuu fi Kiristiyaanonni dogongoraniiru jedhu nan gana.

Yihuudota jibbuu nan gana. Macaafa Qulqulluu faalanii jiru jecha jedhu nan gana.

Rabbi Yihuudota gatee jira jechi jedhu soba ta'uu isaa labsuun nan gana.

Qur'aana qara'uu fi aangoo inni jireenya kiyya irratti qabu nan gana.

Waaqeffannaawwan sobaa fakkeenyummaa Muhaammad irratti hundaa'an hunda nan gana.

Barsiisawwan sobaa Muhaammad fide hunda, akkasumas Allaahn Qur'aana keessatti Waaqa dhugaati isa jedhu nan gana.

Yeroon dhaladhetti Islaamummaadhaa kennamuu koo akkasumas abbootin koo kennamuu isaanii nan gana.

Keessumattuu fakkeenyummaa Muhaammad nan gana. Gooli galtummaa, sossodaachisuu, jibba, hafuura mufannaa, gowwoomsaa, ol'aantummaa, gudeeddii, dubartoota miidhuu, hattoomaa fi cubbuuwwan Muhaammad hojjete hunda nan gana.

Salphina nan gana, hin fudhadhu. Kiristoos Yesus irraa kan ka'e firdiin akka narra hin jirree fi Dhiigni Yesus cubbuu hundarraa akka na qulqulleesse nan amana.

Soda Islaamummaan natti fide hunda nan gana. Sababa Islaamummaatin soda keessa galuu kootif Waaqayyo dhiifama nan gaafadha. Karaa hundaan Waaqayyo Abbaa Gooftaa koo Yesus Kiristoos nan abdadha.

Muhaammad akka ergamaa rabbiititti sababan hordofe irraa kan ka'een hojiiwwan qulqulluu hin taane kanan hojjedhe hundaaf Waaqayyo dhiifama nan gaafadha.

Dubbii sobaa fi gantummaa isa Yesus yemmuu deebi'ee dhufu namoonni shari'aa Muhaammad akka hordofan ni dirqisiisa jedhu hin fudhadhu, nan gana.

Kiristoosi fi Isa qofa hordofuuf filadheen jira.

Kiristoos Ilma Waaqayyoo ta'uu Isaa, cubbuu kootif fannoo irratti du'uu Isaa akkasumas fayyina kootif du'aa ka'uu Isaa nan rageessa. Waa'ee fannoo Kiristoosif Waaqayyo nan galateeffadha. Fannoo kootis baattadhee Isa nan hordofa.

Kiristoos Gooftaa hundaa ta’uu Isaa nan rageessa. Samii fi ardii irratti ni moo’a. innii Gooftaa jiraanya kiyaati. Warra jiranii fi warra du’an irratti faraduuf akka dhufu nan rageessa. Maqaan biraa kan na fayyisu samii fi ardii irra akka hin jirre nan rageessa.

Waaqayyo Abbaan koo onnee haarawa, onnee Kiristoos akka naaf kennu nan gaafadha. Wantan ani dubbadhuu fi hojjedhu hundaan akka na gaggeessu nan gaafadha.

Waaqeffannaalee sobaa hunda ganuudhan qaama koo waaqeffannaa dhugaa Waaqa jiraataa Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluutif nan kenna.